Kutaa 2ffaa

"Namni Waaqaa akka qulqulluu fi hujii gaariif qophaawaa ta'uuf kitaabni Hafuurri Waaqaa irra jiru cufti barumsa rifachiisuuf qalbii sirreessuuf gorsa qajeelinnaatiifis ni fayyada."
Xim 2ffaa 3: 16-17

"Hiikkaan dubbii keetii ni ifa; daa'immanis hubattoota taasisa." Far 118(119):130

Baafata:-

Kutaa 2ffaa

Barumsa Sadeettaffaa:- Waa'ee Kennuu 5

Tajaajila Hoga- Barruu wangeelaa

Barumsa fagoo

Kaayyoon barumsa kanaa warra Gooftaa amanuutti haaraya ta'aniifi warra yoo amantii keessa turanillee jireenya hafuura isaanii caalaatti cimsuu barbaadan barumsa kiristaanummaa barsiisuufi akka isaan jireenya hafuuraatiin guddatan gargaaruufi. Akkuma, "farda bishaanitti fidda malee akka inni bishaan dhugu hin dirqisiiftu" jedhamu sana barnoonni kunneen yoo barattoonni sirriitti hordofanii kutaalee kitaabaa isaan keessa jiran kitaaba Qulqulluun wal-bira qabanii jabaatanii qayyabachuu baatan yeruma tokko qofa dubbifachuun bu'aa barbaadamu argamsiisuu jechuu miti. Warri barnoota kana hordoftan hundi kitaaba qulqulluu keessan banattanii kutaalee isaatiin wal-bira qabuun akka tokoo tokkoo barumsa kanaa cimtanii qu'attan ni barsiisa.

Barnoota kanneen dhuunffaattillee yookiin gareen kitaaba qulqulluun qayyabachuuf itti fayyadamuun ni danda'ama. Namni Waldaa Kirstaanaa keessatti barattoota haaraya barsiisuuf itti gaafatama qabu tokkos itti fayyadmuu ni dand'a. Warri karaa keennaan barnoota kanneen dhuunfaan hordofuu barbaaddan garuu duraan dursitanii galmeeffamuu fi lakkoobsa eenyummaa fudhachuu qabdu. Sana booddees gaaffilee xummuramaa tokkoo tokkoo barmoota kana irra jiraniif deebii quubsaa erguun barmoota fagoo kana itti fufuu dandeettu.

Barnoonni fagoo kunneen barnoota bu'uuraa kudhanii-lama uf keessaa qaba; Kanas afur afuriin kutaa sadiitti qoonnee dhiyeessineerra. Mata dureewwaan isaaniis mata dureewwan kiristaana tokkoof ni barbaachisu jennee itti amannee dha. Barnoota kanneenis yaada tokkoo fi qalbiidhaan qayyabattanii akka deebii quubsaa barumsa sanaan wal-fudhatu kennitan malee jarjarsuufi uf-irraa baasuuf jettanii yookiin deebii barumsa sanaan wal-hinfudhanne akka hin kennine isin yaadachiisna.

Mata Dureewwan Barnootaas kanneen armaan gadi jiranii dha.

Kutaa Tokkoffaa

1. Fayyinna
2. Dubbii Waaqaa
3. Waaqa Kadhachuu
4. Amantii

Kutaa Lammaffaa

5. Tokkummaa amantootaa
6. Lola Hafuuraatii fi aangoo amantootaa
7. Sirnaallee waldaa kirstaanaa
8. Kennuu (arjoomuu)

Kutaa sadaffaa

9. Sadan tokkummaa Waaqaa
10. Hafuura Qulqulluu
11. Deebi'ee-dhufaatii Gooftaa
12. Tajaajila

Yoo isin barnoota afran kutaa kana keessatti argaman sirriitti qayyabattanii deebii isaanii walitti qabdanii nuu ergitani deebii keessan ilaallee kutaa itti aanu isinii ni ergina. Yeroo kutaa 3^{ffaa} xummurtanitti immoo, waraqaa ragaatii fi traanskiriptii barnoota fagoo kana xummuruu keessan mirkaneessu isinii ergina.

Barumsa Sadeettaffaa:- waa Kennuu

Waa kennuun of kennuu irraa jalqaba. Hangi nu waan qabnu (yeroo keenya, horii keenya,dandeettii keenya, beekumsa keenya (WKF) Waaqaaf kennuu dandeennu haguma Waaqaaf of kennine sana. Dubbiin Waaqaa otoo akka nu waan qabnu kenninu hin gaafatin dura akka nu mataa keenna (yaadaa fi namummaa) Waaqaaf kenninu nu yaadachiisa. Yaa ilma kiyya qalbii kee naa kenni; ijji kees karaa kiyya haa jaalatuu " Fak 23:26

"Egaa yaa obboleeyyan, akka isin nafa keessan waan Waaqa gammachiisuufi aarsaa jiraataafi qulqulluu gootanii dhiyeessitan ani araara Waaqaatiin isin nan kadhadha" Rom 12:1

"Namni hardha ufuma isaatiin Waaqaaf uf qulqulleessu eenyu? Sen 1ffaa 29:5

Jaalalli jiraannaan waa kennuun jira.

Akkuma Waaqayyo ilma isaa tokkicha (Yesuus Kiristoos kennuudhaan addunyaa jaalate sana (Yoh 3:16) nus yoo Waaqa jaalanne ofii keennaa fi waan qabnu mara isaa fi obboleeyyan keennaaf kennuun nutti hin ulfaatu. Jaalalli yeroo hunda waa namaa kennuudhaan ibsama. "Garuu namni horii addunyaa kanaa qabu tokko yoo otoo obboleessi isaa rakkatuu argee garaa hin laafneef jaalalli Waaqaa akkamitti isa keessa jiraata?" Yoh 1ffaa 3:17-18

Akkuma Yesuus Kiristoosi lubbuu isaa nuu kenne sana nulleen yoo garaa keenya Waaqaaf kennine " haala kennaa" Kiristoos fudhanna. Waaqaaf waa kennuun yookiin uf kennuun haala hafuura yeroo isaa waliin deemnu keessa jireenna keenya keessatti guddatuudha.

Nuufi wanni nu qabnuskan Waaqaati

Daawit Sen 1ffaa 29: 14 keessatti akkana jedhee Waaqa kadhate; "Wonni cufti si biraa dhufte; atiwaanuma harka kee irraa fudhanne sun sii kennineerraa. Hagana sii dhiyeessuuf ani eennu? Sabni kiyyalleen eennu?"

Kakuu haraya keessatti, "yookaan akka nafi keessan kan isin Waaqa irraa argattan sun mana Qulqullummaa Hafuura Qulqulluu isin keessa jiraatu sanaa ta'e hin beettanii? Gatiidhaan bitamtaniirtuutii; isin kan ufii keessaniitii miti. Kanaaf foon keessaniin Waaqa ulfeessaa" nuun jedha. (Qor 1ffaa 6: 19-20; Phe 1ffaa 1: 18-19).

Yesuus waan Gooftaa waan cufaa ta'eef, " Anaafi waan kiyya ta'e cufa irratti Gooftaa ta'e" jennee waan cufa isatti kennuu qabna (Rom 10:9). Waaqayyoo, "isin eegdota qabeenna kiyyaati" nuun jedhaatii.

Namni qabeenna eegu tokko, qabeenna gooftaa isaa sirriitti toowatee eega. Qabeenna ufii isaa hin qabu.

Namni qabeenna eegu tokko yeroo Gooftaan isaa isa gaafatutti akkamitti akka qabeenna Gooftaa isaa eege deebii kennuuf qophaawuu qaba. (Qor 1ffaa 4:2)

Gosa Kennaa

A. Kudhan keessaa tokko

Akkana jechuun waan argannu cufa keessaa, harka kudhan keessaa tokko kennuu dha. (Uum 14. 20)

Lew 27: 32 keessatti, "harka kudhan keessaa tokko Waaqaaf eebbifamaa ta'e" jedhe. Kennaan kun keessumattuu kennaa nu waldaa amantootaatiif kennamuu dha. Hujii mana Waaqaatiifi tajaajilli Waaqaa kennaa nu harka kudhan keessaa kenninuun

adeemsifamuu qaba. "Mana kiyya keessatti akka nyaata ta'uuf harka kudhan keessaa tokko gootaraatti galchaa," Mil 3: 10, yoo kudhan keessaa harka tokko galchuu baannee, Waaqa, waldaa kiristaanaatiifi ufii keenna hanna. Sababiin isaas eebbi Waaqaa kan harka kudhan keessaa tokko kennuun argamu sun nu duraan hafa.

"Namni Waaqa hataa? Isin garuu na hattan. Isinis "akkamiin si hanne? " naan jettani. Harka kudhan keessaa tokko kennuu diduufi kennaa hangafa kennuu diduun na hattan "Mil 3:8

B. Aarsaa (buusii) hangafa

Kennaan hangafni yookaan aarsaan kennaa kudhan keessaa tokkoon olitti idaanee fedhii keennaan kenninuudha. Kennaa kana waldaa kiristaanaatiifis, hujii Waaqaa kan waldaa kiristaanaatiin alatti hojjatamaniifis kennuu ni dandeenya. Kutaan armaan olitti tuqame (Mil 3:8) harka kudhan keessaa tokko qofa otoo hin ta'in aarsaas ni ida'ata.

c. Kennaa arjummaa

Waan qabnuufi waan nurraa hafa irraa otoo hin ta'in waan akkuma dubartii dhiirsii irraa du'e sanaa hanqinnuma keenna irraa kenninuu dha. "Gaafa tokko Yesuus fuula qodaa buusii dura taa'ee haala itti namoonni horii buusan ilaalaa ture. Dureeyyiin hedduun buusii hedduu buusaa turan. Niitiin hiyyeettiin dhiirsi irraa du'e tokko dhuftee meetii lama kan gara saantima tokkoo ta'u buufte. Yesuusis barattoota isaa waamee, " ani dhuguman isinitti hima; niitiin hiyyeettiin tun namoota qodaa buusii keessa waa buusan mara caalaa buufte. Warri kaan waan isaan irraa hafe keessaa buusan. Niitiin tun garuu hanqinnuma ishii irraa, waan qabdu hunda, bultii ishiillee kennite" Mar 12:41-44

Kennaa nu wanni keennayyuu nuu hin guutaminuu, "Gooftaan naa guuta; yoo ani hirdhinna mana isaa guute inni immoo hirdhinna kiyya naa guuta;" jennee amantiin kenninuudha. Waaqayyos amanamummaa ufii nu agarsiisa.

Akkuma qonnaan bulaan tokko midhaan argadha jedhee amantiidhaan facaasu sana, akkuma inni midhaan isaas waliitti qabatu sana aarsaadhaan waa kennuunis akkasuma. Sanyiin nu amantiin facaafnu midhaan naqatee matuma keennaaf eebba ta'a. (Qor 2ffaa 9: 6)

D. **Warra rakkataniif waa kennuu**

"Namni hiyyeessaaf arjoomu, Waaqaaf liqeessa; dansummaa isaas deebisee kaffalaaf." Fak 19:17

"Garuu nama horii addunyaa kanaa qabu tokko yoo inni otoo obboleessi isaa waan isa barbaachisu dhabuu argee hin na'iniif jaalalli Waaqayyoo akkamitti isa keessa jiraata? Yaa ijoollee tiyya, hujiifi dhugaadhaan wal haa jaalannuu malee dubbii fi afaanii qofaan hin ta'in" Yoh 1ffaa 3:17-18

Akka nu ijoolleefi beerran gargaarsa hin qabne gargaaruu qabnu dubbiin Waaqaa nutti hima. (Yaq 1:27)

E) **Baballinna Wangeelaatiif kennuu**

Akka wangeelli bakka cufa ga'uuf, baballisa wangeelaa tiif kennaa addaa kennuu barbaachisa. Falli rakkinna nama hundaa wangeela. Akkuma Yesuus Kiristoos, "gara addunyaa cufaa dhaqaa, wangeela addunyaa cufatti lallabaa" jedhee ajajetti yeroo labsiin ta'utti horii labsii wangeelaatiif gargaaru dhowwachuu-dhaan akka wangeelli otoo hin labsamin hin hafneef tokkoon tokkoon keenya qooda fudhachuun barbaachisaa dha.

Akkamitti haa kenninuu?

"Fuula namaa duratti mullachuuf jettanii akka kennaan keessan nama duratti hin kennine uf eegadhaa." Luq 6:1

"Anis akkana nan jedha; namni muraasa facaasu, muraasa haamata; namni eebbaan facaasu, eebbaan haamata. Waaqni

nama gammachuun kennu jaalataatii; namni cufti akkuma garaa isaatti yaadetti haa kennuu: Gaddaan (laalalaan) yookaan dirqamanii miti." Qor 2ffaa 9: 6-7

"…. fedhii isaaniitiin dhiyeessan.. namoonnis waan fedhii isaaniitiin kennaniif ni gammadan." Sen 1ffaa 29:6-9 (cufa isaa dubbifadhaa)

Akka kutaalee kana irraa hubannutti

Nu yommuu waa kenninutti:

1. Uf- agarsiisuuf gochuu hin qabnu
2. Gaddaa otoo hin ta'in gammadaa kennuu qabna. Kennaa nu gammannee hin kennin Waaqayos gammadee hin fudhatu.
3. Namni hundi akkuma garaa ufiitti yaadetti kennuu qaba. Akka Namni kaan isa yaadachiiseen hin jedhu.
4. Uf qusachuudhaan otoo hin ta'in arjumaadhaan waan kennuu qabna. Hanga facaafne haamannaatii.

Eebba waa kennuudhaan argamu

"Nama waa argatu caalaa nama kennuttu eebbifamaadha (HuE 20:35). "Kennaa isinii kennamaa. (Kiila) safartuu isin ittiin namaa safartanitti isinii safaramaatii. Safartuu dansaan hudumamee, (itti umnamee) guutee irraa hafees hammuu keessanitti isinii kennama." Luq 6 :38

"Akka nyaanni mana kiyya keessa jiraatuuf harka kudhan keessaa harka tokko gootaraatti galchaa. "Yoo ani foddaa samii isinii banuu baadhe, yoo ani eebballee isinii roobsuu baadhe isin kanaan na qoraa" jedha Waaqni waan cufumaa danda'u. "Ani waayee keessaniif daanoo nan ifadha; daanoon midhaani lafa keessanii hin balleessu. Wayiniin oobruu keessaniis firii hin harcaasu" jedha Waaqni waan cufumaa dandawu" Mil 3:10-11

"Qabeenya keetiin Waaqa kabaji. Firii qabdu cufa keessaas hangafa isaa kenni; yoos gootaraan kee midhaaniin guutama; bakki (fulaan) ati itti wayinii cunfitus daadhii wayiniitiin guutamee irra dhangala'a." Fak 3: 9-10

Gabaabinnumatti ati yoo qabeenya keetiin Waaqa kabajje, ni eebifamta jechuu dha.

Asi irratti akeekkachiisa tokko ida'uu barbaanna. Bara kana keessa, keessattuu biyyoota gara dhiyaa keessatti akka namoonni tokko tokko barsiisanitti wanni Waaqaaf kennaa dhiyeessinuuf isa biraa eebbaa argachuuf otoo hin ta'in waan waaqa jaalannuuf qofaaf ta'uu qaba. Samii irratti qabeenna walitti qabachuuf malee lafa irratti qabeenna walitti qabachuuf hin kenninuutii.

"Qabeenna ofii keessanii lafa irratti bakka (fulaa) biliifi daanoon balleessanitti, bakka hattuunis qottee saamtutti walitti hin qabatinaa; garuu qabeenna ofii keessanii samii irratti bakka biliin, daanoonis hin balleessinetti, bakka hattuun qottee hin saamnetti walitti qabadhaa; garaan kee bakka qabeenni kee jiru jiraataatii" Mat 6: 19-21.

Waaqayyo dhossaa waa kennuu nuu haa ibsuu!

Barnoota Sadeettaffaa: Waa Kennuu

Lakkoofsa _____
Waraqaa Eenyummaa _____
Maqaa _____
Bakka jireennaa: _____
_____
_____

1. Kennaan dhugaa eessaa jalqaba?
2. Namni tokko yeroo Waaqaaf waa kennutti maal hubachuu qaba?
3. Gosoota kennaa barreessii eegasii ammoo tokkoo tokkoo isaa ibsi.
4. Kennaan keenya yoo akkamitti kennine fuula Waaqaa duratti fudhatama argata?
5. Waa kennuun nama kennu sanaaf maal fayyada?
6. Ati gosa kennaa kan kitaaba kana keessatti tuttuqame irratti hagam amanamaadha? Yoo wanni waayee kanaa irratti sirraa hirdhatu jiraate, amma qajeelfachuuf maal gochuu qabda?